




# LIDA Stories

[lidastories.net](http://lidastories.net)


**Gara Noorwey dhufuu / A  
komme til Norge**

 Aamina

 Julie Cornelia van Walsum

 Muhammed Berisso (om), Espen

Stranger-johannessen (nb)





This work is licensed under a Creative Commons  
[Attribution 4.0 International License](https://creativecommons.org/licenses/by/4.0).  
<https://creativecommons.org/licenses/by/4.0>

**Gara Noorwey dhufuu  
A komme til Norge**



 Aamina

 Julie Cornelia van Walsum

 Muhammed Berisso

|| 5

 Afan Oromo / norsk (nb)



Anii fi obbolloonni koo lamaan Muddee 2016 gara Noorweey dhufne. Noorweey keessatti akkuma Somaaliyaatti hoo'a jenne waan yaanneef uffata ganna uffannee turre. Haata'u malee, buufata xiyyaaraa yommuu geenyu, qorri bu'aa ture. Qorrinee turre akkasumas qilleensi ni qorra ture. Boorsaa muraasa fidne ta'us, uffata gannaa qofa of keessaa qabu turan.

...

De to brødrene mine og jeg kom til Norge i desember 2016. Vi hadde på oss sommerklær fordi vi trodde det ville være like varmt i Norge som i Somalia. Men da vi kom til flyplassen, snødde det. Vi frøs og været var kaldt. Selv om vi hadde med oss noen koffertter, inneholdt de bare sommerklær.



Qorra ta'us, gara Noorweey yommuu dhufnu  
daay'een gammade. Dhumaratti haadha koo  
ishee wagga jahaaf hin argine deebisee wal  
arge. Haati koo fi hiriyoonni ishee lama nu  
qunnaman. Yeroo ishee arginu  
gammachuudhaan boonne. Konkolaataa  
keenyaan gara magaalaa xinnoo haarmeen  
jiraattutti deemne.

...

Selv om det var kaldt, var jeg veldig glad da vi  
kom til Norge. Jeg kunne endelig møte mamma  
igjen, som jeg ikke hadde sett på seks år.  
Mamma og to av venninnene hennes møtte oss.  
Da vi møtte mamma igjen, gråt vi av glede.  
Mamma bor i en liten by, så vi kjørte dit.



Guyyoonni jalqabaa magaalaa Harmeen keessatti jiraattuu baayyee kan hin baramne turan. Qabbanaa fi qorri waan tureef waan baay'ee arguu hin dandeenne. Daandiiwwan guutummaatti duwwaa turan. Namoonni muraasni ani wal arge qorraa fi michuu hin qabne natti fakkaatu turan. Somaaliyaa keessatti bakka hundatti namoonni waan jiraniif, asitti wanti hundi akka hin baramne natti dhaga'ame. Haati koo fi hiriyyoonni ishee kennaa tokko tokko nuuf kennanii, achiis uffata qorraa bitachuuf nu fudhattee deemte.

...

De første dagene i mammas by var veldig merkelige. Det var kaldt, det snødde og det var lite å se. Gatene var helt folketomme. De få personene jeg møtte, virket kalde og uvennlige. I Somalia er det folk overalt, så alt følte uvant her. Mammaen min og venninnene hennes ga oss gaver, og hun tok oss med for å kjøpe vinterklær.



Osoon Somaaliyaa keessa turee silaa ammatti haadha ta'ee natti fakkaata. Tarii duraanuu ijoollee hedduu qaba ture. Osoo Somaaliyaa keessa jiraadhee carraa amma argadhe hin argadhu ture. Noorweey keessa jiraachuun koo carraa akka ta'e natti dhagahama.

...

Hvis jeg fremdeles hadde bodd i Somalia, hadde jeg kanskje vært mor nå. Kanskje jeg hadde fått mange barn allerede. Hvis jeg hadde vært i Somalia, ville jeg ikke hatt de samme mulighetene som jeg har fått nå. Jeg føler meg heldig som bor i Norge.



Ayyaana ayyaana masqalaa booda koorsii afaan Noorweey wiirtuu barnoota ga'eessotaa keessatti kennamutti makame. Mana barumsaa idilee tokko jalqabuu koo dura wagga lamaaf achitti baradhe. Amma wagga dhuma irratti jira, michoota haaraa hedduu horadheera. Namaan walii galuu fi namoota biroo wajjin wal arguun baay'ee na gammachiisa.

...

Efter juleferien begynte jeg på norskkurs på voksenopplæringsenteret. Jeg gikk der i to år før jeg begynte på en vanlig skole. Nå går jeg siste året, og jeg har fått mange nye venner. Jeg er veldig sosial og jeg er glad i å møte andre.



Bara dhufu kutaa fayyaa fi misooma dargagoota keessatti barnoota sadarkaa lammaffaa nan eegala. Gara fuulduraatti hojjetaa dargagoota ta'uu barbaada. Yeroon barnoota koo xumuru abjuun koo hojii dhaabbataa argachuudha. Akkasumas akkaataa konkolaataa itti oofamu barachuu fi hayyama konkolaachisummaa koo argachuu barbaada.

...

Neste år skal jeg begynne på helse- og oppvekstfag på videregående skole. I framtiden vil jeg bli barne- og ungdomsarbeider. Når jeg er ferdig med utdanningen min, drømmer jeg om å få meg en fast jobb. Jeg vil også lære å kjøre bil og ta førerkort.



Barnoota booda gara giddugala tola ooltotaan geggeeffamu dhaqee hojii manaa koo irratti gargaarsa argadha. Giddugalichatti koorsii huccuu hodhuus itti makameera.

...

Etter skolen drar jeg til Frivilligsentralen for å få hjelp med leksene. Jeg har også begynt på et sykurs der.



Somaaliyaa keessatti mana barumsaa Qur'aana malee mana barumsaa dhaqee ykn koorsii tokkollee fudhee hin beeku. Akkamitti akka dubbisuu fi barreessu hin beeku ture. Amma akkaataa itti barreessan afaan Somaalee fi Noorweey tiin baradheera, akkasumas gosoota barnootaa biroo hedduu baradheera. Barnoota malee nama akkan hin taane natti dhaga'ame. Amma beekumsaa fi gammachuun natti dhagahama.

...

I Somalia fikk jeg aldri mulighet til å gå på skole eller ta et kurs, bortsett fra koranskole. Jeg kunne ikke lese eller skrive. Nå har jeg lært å skrive på både somali og norsk, og mange andre fag. Uten utdanning følte jeg at jeg ikke var noen. Nå føler jeg meg kunnskapsrik og glad.